



YUUNIVARSIITII WALLOO
KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUUMMAA
QO'ANNOO AFAANOTAA ITIYOOPHIYAAFI OGBARRUU
MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OG-BARRUU

Mata-duree Fijaa: Diraamaa(Drama)

I. Odeeffannoo Waliigalaa

- | | |
|--|---|
| ☛ Gosa barnootaa: Diraamaa | Sagantaa: Idilee(Regular) |
| ☛ Lakkoofsa koorsichaa: AFOL-3082 | Waggaa 2 ^{ffaa} Seemistera II |
| ☛ Baay'ina Waytii Torbanitti: 3 | Lakk Bil.+25191-2----- |
| ☛ Email: ssmerga56@gmail.com | |

II. Ibsa Koorsichaa

Koorisiin '**Diraamaa**' jedhu kun koorsiiwwan ogbarruu keessaa isa tokkodha. Koorisiin kun yaadrimee diraamaafi qabxiilee isaan walqabatan ilaalchisee barattootaaf hubannoo bal'aa kennuu bira darbee, dandeettii barattoonni gama kanaan qaban akka cimsutu abdatama.

Kaayyoon kennama koorsii kanaa, inni bu'uuraa, barattoota addunyaa hojii kalaqaa waliin walbarsiisuun barattoonni waa'ee naannoofi addunyaa keessa jiraatanii caalmaatti akka hubataniifi dabarsanii hawaasa biroollee akka barsiisan taasisudha. Hojii kalaqaa kanaan barattoonni yookiin dubbistoonni ogbarruu barreeffamaa dandeettiiwwan afaanii horachuu cinatti, dandeettii xinqooqaa biroollee akka cimsataa deeman nitaasisa. Haaluma kanaan barattoonni dandeettii kalaqaa cimsachuun seenaa, duudhaa, falaasama, aadaa, siyaasa, jiruufi jireenya hawaasaa, diraamaanis ifa godhee waan agarsiisuuf, kallattii hundaatiin beekumsa horatanii waa'ee addunyaa dhugaa keessa jiraatanii irratti hubannoo fooyya'aafi giddugaleessawaa akka qabaataniif gargaara.

Galma gahiinsa kanaafis yaadrimeefi maalummaa diraamaa, maddaafi seenaa dagaagina diraamaa, hirtoowwan diraamaa, caacculee diraamaa. akkaataa barreeffama diraamaa irratti yaadni bu'uuraa nidhiyaata. Kanaafuu barattoonni erga koorsii kana fudhatanii booda, yaadrimeewwan diraamaa keessatti ka'aan hubachuun guddina diraamaa Oromoof gumaacha gochuun danda'u abdii jedhutu jira.

III. Kaayyoo Koorsichaa

Xumura barnoota koorsii kanaarratti barattoonni:

- ☞ Yaadrimeefi seenaa dagaagina diraamaa nihubatu.
- ☞ Maalummaa diraamaafi gosoota diraamaa irratti hubannoo nigabbifatu.
- ☞ Faayidaafi caacculee diraamaa nibeeku.
- ☞ Haala itti fayyadama afaanii diraamaa keessatti niqalbifatu.
- ☞ Diraamaa akka hojii aartiifi qeeqaa hawaasaatti nidingisiifatu.
- ☞ Adeemsa hojiin kalaqaa ogbarruu tokkoo diraamaan itti mul'atu nibeeku.
- ☞ Diraamaa Afaan Oromoo filatame qaaccessuun nidhiyeessu.

IV. Qabiyyee Koorsichaa

1. Yaad-rimeefi Maalummaa Diraamaa(Concept and Definition Of Drama)
 - 1.1 Yaadrimee Diraamaa
 - 1.2 Gosoota Diraamaa
 - 1.3 Faayidaa/ Tajaajila Diraamaa
2. Caacculee Diraamaa(Elements Of Drama)
 - 2.1 Itti Fayyadama Afaanii Diraamaa Keessatti
 - 2.2 Akkaataa Fudhatama Diraamaa (Dramatic Convention)
 - 2.3 Seenaa Barruu Diraamaa (The Play Story)
3. Diraamaa Yeroodhaan(Drama By period)
 - 3.1 Diraamaa Bara Durii (Classical Drama)/Greek Drama/
 - 3.2 Diraamaa Warra Roomaa (Roman Drama)
 - 3.3 Diraamaa Bara Giddugaleessaa (Medival Drama)
 - 3.4 Diraamaa Eelzaabeet (Elizabethan Drama)
 - 3.5 Diraamaa Hooromsaa (Renaissance Drama)
 - 3.6 Diraamaa Riistooreeshiinii (Restoration Drama /1750-1800)
 - 3.7 Diraamaa Ammayyaa (Modern drama 18th C--- 20th C)
4. Barruu Diraamaa
 - 4.1 Tapha, Diraamaafi Tiyaatira (Play. Drama& Theatre)
 - 4.2 Akkaataa Barreeffama Diraamaa
 - 4.3 Raawwii (Act)fi Agarsiisaa/Mil'uu (Scene)
5. Seenduubeefi qaaccessa diraamaa Oromoo

V. Mala barachuufi barsiisuu

- ☑ Mala od-ibsa /lecture method/
- ☑ Mala garee xiqqaafi guddaa /Peer and group discussion/
- ☑ Mala dhiyeessii /presentation/

VI. Haala Madaallii

- 📖 Abbaltii dhuunfaa..... 30%
- 📖 Battaleefi battallee(Quiz &Mid- exam).....20%
- 📖 Qormaata xumuraa(Final exam).....50%

Kitaabilee Wabii /Referances/

- Berhanu Matthews. 2009. Fundamentals of Literature. Addis Ababa: Alpha Printers PLC.
- Bentley, E., ed. and trans., 1958. The Brute and Other Farces by Anton Chekhov. New York Grove Press.
- Brockett, Oscar. (1999). History of the Theatre. Boston: Allyn and Bacon.
- Brockett, Oscar G (1980). The Essential Theatre. New York. Holt Reinhart and Winston.
- Brown, M. (1991). Introduction to Literature. New York. Holt Reinhart and Winston.
- Crown, Brain (1983). Studying Drama. Ikeja: Longman.
- Fantahun Engida. 1999. Yetewnet Dirset Atsatsaf. Addis Ababa: Berhanena Selam Printing Press.
- Fran Averett Tanner. 1995. Basic Drama Projects. USA: Clark Publishing, Inc.
- George K., Portia K., Edward P. 1985. Invitation to the Theatre. New York: Harcourt Brace Jovanovich, Publishers.
- Hinsene Mekuriya. 2008. Faandhoofticha Gadoofi Asoosamoota Gaggabaaboo. Finfinnee: Commercial Printing press.
- Ingham, Rosemary. 1998. From Page to Stage. Portsmouth: Heinmann.
- Kennedy, X. and Gioia, D. 2007. Literature: An Introduction to Fiction, Poetry, Drama, and Writing. New York: Longman.
- Lawrence Stern. 2002. Stage Managemnet. London: Allyn and Bacon
- Melakneh Mengistu. 1999. Fundamentals of Literature for Colleges. Addis Ababa: Commercial Printing Enterprise.
- Michael Meyer. 2005. The Bedford Introduction to Literature. Boston and New York: Bedford/St Martins.
- Murfin, R. and Ray, S. 2003. The Bedford Glossary of Critical and Literary Terms. Boston: Bedford/St. Martins.
- Wilson, E. and Goldfarb, A. 1999. Theatre: The Lively Art. Boston: McGraw-Hill.
- Yeshaw Tesema.1998. Yetewnet Atsnaf. Addis Ababa:Artistic Printing Enterprise.

